

## Cuunfaa Barreeffama Hin Maxxanfamne

**Dugduubee** Sochii weerara influenzaa ibsuuf odeeffannoo hordoffii biyya tokkoo fayyadamuun yeroo talaallii influenzaa itti kennamu murteessuuf odeeffannoo kenuudhaaf gargaaruu danda'a. Tarsiimoo talaallii biyyolessaa murteessuuf akka gargaaruu yeroo weeraroota influenzaa yeroo yerootti mul'atan adda baasuuf odeeffannoo hordoffii biyyoota Afrikaa irraa argame xiinxalleerra.

**Maloota** Biyyoota neetworkii Hordoffii fi Deebii Infuleenzaa Addunyaa (GISRS)tti gabaasa dhiyeessan irraa daataa sentinel ummataaf ifa ta'e, kan waggoota 3–10 bara 2010–2019 keessatti walitti qabame fayyadamne. Pirooppoorshinii saamuda vaayirasii infuleenzaatiin pozaatiivii ta'e keessatti yeroo torban 3f pozaatiivii ta'e shallagnee mala walitti-qabaa giddugaleessaa fayyadamuun yeroo weerara kanaa tilmaamneerra. Jalqabni fi xumurri weerara tokkoo tokkoon isaa yeroo pirooppoorshiniin akkaataa wal duraa duubaan, torban  $\geq 3$  walitti aansuun giddugaleessa waggaa ol ykn gadi ta'e torban jalqabaa jedhamee ibsameera. Biyyoota haala weerara shanitti ramadneerra: Weerarri Hemisfeera Kaabaa (NH) Onkoloolessa–Bitootessa kan mul'atu, kan Hemisfeera Kibbaa (SH) Ebla-Fulbaana kan mul'atu, irra caalaa Hemisfeera Kaabaa ji'oota hemisfeera kibbaa keessatti sochii weeraraa tokko tokko qabu, irra caalaa hemisfeera kibbaa ji'oota hemisfeera kaabaa keessatti sochii weeraraa tokko tokko qabu, fi daddarbiinsa infuleenzaa waggaa guutuu kan ol'aantummaan adda baafamu hemisfeera kaabaa ykn hemisfeera kibbaa hin qabne (kan haala ifa ta'e hin qabne).

**Argannoowwan** Biyyoota 34 FluNet'f daataa gabaasan keessaa 25 yoo xiqlaate daataa waggaa 3 kan qaban yoo ta'u, kunis biyyoota Afrikaa keessaa 46% fi baay'ina ummata Afrikaa keessaa 89% bakka bu'u. Biyyoonni qo'annoo kanaa bu'aa vaayirasii sirna hargansuu RT-PCR waliigalatti saamuda 503,609'f (giddugaleessa 12971 [IQR 9607 – 20960] waggaa-biyyatti) kan gabaasan yoo ta'u, isaan keessaa 74001 (15%; giddugaleessa 2078 [IQR 1087 – 3008] waggaa-biyyatti) vaayirasii infuleenzaaf pozaatiivii turan. Daataa waggoota-biyyaa 236 keessatti, weerarri 248 mul'atee ture (giddugaleessa: 10; [daangaa: 7–10] biyya tokkoof). Jaha (24%) haala weerara hemisfeera kaabaa qaban ture (Aljeeriya, Burkinaa Faasoo, Gibxii, Nijjarii, Morookoo fi Tuuniiziyya). Saddeet (32%) haala weerara hemisfeera kibbaa tokko tokko waliin baay'inaan haala weerara hemisfeera kaabaa qaban ture (Kaameeruun, Itoophiyaa, Maalii, Moozaambiki, Naayijeeriya, Senegaal, Taanzaaniyya fi Toogoo). Sadii (12%) haala weerara hemisfeera kaabaa tokko tokko waliin baay'inaan haala weerara hemisfeera kibbaa qaban ture (Gaanaa, Keeniyya fi Yugaandaa). Sadii (12%) haala weerara Hemisfeera Kibbaa qaban ture (Rippabiliika Afrikaa Giddu Galeessaa, Afrikaa Kibbaa fi Zaambiyaa). Shan (20%) haala ifa ta'e hin qaban ture (Kot Divuwaar, Rippabiliika Dimookiraataawaa Koongoo, Madagaskaar, Moorishiyas fi Ruwaandaa).

**Hiiakkaa** Biyyoonni baay'een isaanii yeroo weerara infuleenzaa adda baafamu danda'u kan qaban yoo ta'u, kunis sochii infuleenzaa waqtii fi waqtii ala ta'e aangawootaaf beeksisu, yeroo talaallii qajeelchuu fi tarkaanfii yeroosaatti fudhatamu jajjabeessuuf ooluu danda'a.

**Deeggarsa maallaqaa Hin jiru**